Gatii humna ifaa gaarii filatuu

Gatii humna ifaa guddaa akka hin baasne hubadhu

Qanxabdoonni humna ifaa (energy retailers) karoora gara garaa baay'ee kan tokko tokkoon isaanii gatiin ifaa mana kee galuu gara gara tahe ni qaban. Karoora rakkasha tahe galfatuudhaan waggaatti doolaara dhibbootaan qusatuu dandeessa.

Gatii Gaarii (Best Offer)

Mar-sariitee Wal-dorgomsi Humna Ifaa Victoria (Victorian Energy Compare) ittiin dhimma bahuuf interneeta hin qabdu yoo tahe qanxabaa humna ifaa (energy retailer) akka 'Gatii Gaarii' ('Best Offer') irra si kaayan gaafadhu. 'Gatii Gaarii' karoora gatii ifaa rakashaa kan qanxabdootni humna ifaa yeroo sanatti itti nama afeeraa jiranii dha.

Seera Victoria keessaa jechuun kampaniin humna ifaa karoora rakasha ati argatuu qabduu fi gatii siif qusata yoo tahe sitti himuu akka qabu ajaja. 'Gatii Gaariin' qanxabaan humna ifaa kee baatii 3tti gatii humna ifaa waliin fuula jalqabaa irratti kan dabalamee jiru, 'karoora kan biroo waliin maallaqa qusatuu ni dandeessaa' jedhee barreessamee jira.

Sirreessa Humna Ifaa Victoria (Victorian Default Offer)

Sirreessi Humna Ifaa Victoria kara qanxabduu (retailer) osoo hin taanee kara Mootummaan Victoria waggaa waggaan baasii humna ifaa saphlisuu fi qaceelchuuf karoorsamuu dha. Sirreessi Human Ifaa Victoria Maatilee Victoria fi kanneen daldala xixiqqaa qabaniif kan yoo isaan karoora humna ifaa wayyaawaa tahe argatuu hin danda'in ykn hin fedhne tahe kan baasii qaceelaa tahe argamsiisuufii dha.

Waraqaa odeessaa humna ifaa Victoria

Gatii humna ifaa Odeeffannoo caalu yoo barbaadde, kan amma dhimma itti bahaa jirtus tahe kan itti jijjiirratuuf jirtu yoo tahes, waraqaa odeessaa akka siif ergamuuf qanxabduu humna ifaa (energy retailer) gaafatuu dandeessa. Waraqaan odeessaa kun humna ifaa dhimma itti baatu kara saphlaa taheen akka hubatuu dandeessu, kan akka gatii, yeroo eegdee yoo kaffalte gatiin kan gadi siif hir'isu yoo tahee fi yeroo hagamiif kontoraata akka waliin qabaatuu dandeessu sitti hima.

'Gatii Gaariitti' jijjiirratuuf akka itti qanxabaa humna ifaa (energy retailer) gaafattu

Osoo hin bilbilin dura:

Kanneen itti aanan kana qabaatuu kee hubadhu:

- Gatii humna tirikaa yokaan gaazaa kan irra boodaa

Afaan hiikaa ni barbaaddaa?

Gatiin humna ifaa kee odeeffannoo tajaajila tola afaan hiikaa ni qaba.

Yeroo bilbiltu:

Qanxabaa humna ifaatti kan himuu qabdu:

"Gatiin humna ifaa kiyya karoora humna ifaa kan biroo waliin maallaqa qusatuu akka an danda'u hima. Gatii Gaarii kana irra ana kaa'uu dandeessaa."

Osoo ati bilbila irra jirtuu qanxabaan humna ifaa karoora kee kan Gatii Gaarii irra si kaa'a. Sana booda gatii humna ifaa rakasha tahe mana keetti siif gale baasuu eegalta.